# 29. YESONI JARA UFI YAAMA.

**Luka 5:1-11, 27-31; 6:12-15**

Guyya tokko ato Yesoni d'awatu galaana Galilaaya eju, gumiini guddon d’ufte dubbi Waaqa d’ageete. Inni hobolo lama galaana birati arge; ammo guurtuuni qurt'umi yayu t'urura d'iqachu d'at'e. Jennaani hobolo toko ta Simoni seene, Diqo lafa ira bisaani keesa hiisi jed'eeni. Inni hobolo keesa tae biyya barsiise.

Dubbi buufannaani inni waan Simoniini jed'e, “Hobolo wod'aka bisaaniti hiisi, t'urura buusi aka qurt'umi qabatani.” Simoniini waan jed'eeni, “Aabbo, nu halkani kana ch'ufa guddo hojanne, ammo tokole inarganne, ammo dubbi tantetiifi anini t'urura imbuusa.” Akasi tolchinaani qurt'umi heddu qabani, t'ururaani ch'itu gahe. Wahela worraa ka hobolo d'ibi keesa jiru harkaani yaamani, Nu qarqaara jed'aniini. Worri d'ufe hobolo lachu qurt'umiini guute hobolooni diquma illit'iini.

Simoni Petroni waan kana arginaani jilba Yesoti jige waan jed'e, “Na biraa deemi, Aabbo, anini nama dabaati.” Isaafi nami ch'ufti ka isa woliini jiruleeni guddo mamani, maro qurt'umi heddu qabaniifi. Akasuma Yakobofi Yohanaleeni, ilmaani Zebedayo, waheli Simoni mamani. Yesoni waan Simoniini jed'e, Insodaatini, armaa achi atini nama guurta. Hobolo ufi afaani galaanati hirkisani artumati lakisani kaani Yeso gula yaani.

**<u>QAJEELUMSA BARNOOTA</u>**

**<u>HIMAANSA JALQABA</u> : Gaafi ato oduu hinoodeesinu nam gaafatani tana gumii gaafadhu yokhaani akka namu lam lamaani irra wolgaafatu tolchi.**

- Yo atin sila Yeso taate, jara kud’ani lamaan suni atini sila nama akkami fa filata?

**<u>ODUU : Oduu tana irdedeebii himi akka akka gumii waliiin baratan.</u>**

**<u>HAASA EEGI ODUU HIMANI: Gaafi tanaati haasa suni qajeelcha:-</u>**

**<u>Waan YESO nu maan baranna? Akka Yesoni Waaqa akkamiin argu dandeenna?</u> Oduun tunini kara kamiini humnaafi jabeenna Yeso garsiifti?**

- Yesoni gara Simonitiifi Lawille indeeme. Isati qara woraati deeme.
- Inni uumama irraati jabeenna qaba, akka qurtummiin t’uruura seentu tolche.
- Inni jabeenna Simonini deemi t’uruura darbi jed’een qaba.
- Inni jabeenna jara isaa gara ufii yaamun qaba kha worri finnafi hujii kees jiran ch’ufa lakkisan.
- Simoni Peterooni akka Yeson Waaqa arginaani guddo rifate nahe! Inni akka Yesoni goftaa beekhe akkas isa yaame.
- Inni jabeenna Lawi yaamuni inqaba. Lawini kha isa woma ingaafatin gula deeme.

- Inni Waaqumma isa humnaafi jabeennan garsiise.

- **Oduun tunini akka Yesoni waan ch'ufa beekhu maanin garsiift?**
    - Inni akka onne Peterotifi ta Yakobotifi ta Yohanalle tuqe worra ufiiti yaamun imbeekhe.
    - Inni akka worri qurtummi argatulle imbeekhe.
    - Inni yaada worraa qabu kha guurtu nama worra tolchu imbeekhe.
    - Inni onne Lawi imbeekhe.
    - Inni beekha isaatin Waaqumma isa garsiise.

- **Oduun tunini akka Yeson qulqulloo maanin garsiisfti? (aka inni kha d'ugaa tahe, akka inni qajeela abba seera tahe, akka inni ch'ubbu jibbe ch'ubbicha adaabe, gati ch'ubbu duisan baasu)**
    - Peteron qulqulloma fi jabeenna Waaqa arginaani guddo rifate ch'ubbu ufi arge. Inni akka fuula Waaqa dura ejjachu hindandenne arge.
    - Qurtummillen isaa ajajamte!
    - Inni jara Farisayo irra qulqullicha; worri jireenna alaatifi uffataafi waan ilti nama argituun seeraa ajajamani. Yesoni ammo jijiiram onne irra barsiise aka nami d'ugumaan qulqullaau tolche.

- **Oduun tunini tola-eeba Waaqa maanin garsiifti? (abba jaalala, kha chubichaa nahu, arja, kha ilme namaatin wolhaasau)**
    - Yesoni fula Simonifi Lawin jiraniiti iti d'ufe. Isaati qara worra barbaade.
    - Akka worri qurtummi guddo qabatu tolche! Inni guddo arja!
    - Inni jara ch'ubaaleyi akka Simonitifi jara isa d'ibiille eennumma isa worrati mullise.
    - Inni gara worra jabeese, "Insodaatina."
    - Inni Simoni Petero "guurtu" nama tolche. Waaqi abba araarati kha ilme nama d'aqabe. Peteroni mikha isaati.
    - Inni nama gurra hamaan beekame, guurtu gibira, yaame akka inni isaa hojjatu.
    - Inni Lawi gammadan guute! Lawini daldala tirfi guddo qabu lakkise isa gula deeme! Onneen isa tola-eeba Waaqatin jijiiramte ini jila tolfate! Akka oneen isa jijiiramte arginaan Lawiin jaalowan isaalle dhiyeese akka worri Yeso gula deemu!
    - Yesoni ch'ubbaleyi waliin jiraate worra gurr hamaan beekame waliin gololfate. Inni worra gumiin jibbite jibaate gate ch'ufa d'aqabe iti d'iyaate.
    - Inni worra d'ukkuba ch'ubbuu qabu akhimu d'ufe. Worra sila woldeenna gumi Waaqa keesati hind'iyeesine ch'ufa ind'iyeese.
  - Inni worra ufdiqeesu jila guddo tolchaafi.

- **Oduun tunini akka Waaqi (Yesoni) kha d'ugeefatame kara kamiin garsiifti? (Inni injijiiramu, kakhu isa inguuta, waan jed'e inguuta).**

- Waaqi durumaati deeme yaada isa guute, laakuma Yesoni jara isa ijaaren. Inni akka worra kees bahe yaada isa guutu yaadate.
- Inni akka worri sati diqqooti qurtumi guddo guure, amalle qurtummi heddu haga hinqamne worraa kenne!
- Yesoni ch'ubbichaaf d'ufe, ammalle ch'ubbichalle kha d'ugeefatame taha. Inni tanaafi lafa dhufe. Waan kanaafi lafa d'ufe.

- **Oduun tunini akka Yesoni nama maanin garsiifti?**
  - Obolo yaabate galaanan taake.
  - Nyaate d'uge.
  - Inkad'ate. Akka Abbaan qarqaare qajeelchu kad'ate.

**<u>Waan ilme NAMA oduu tunin maan nu barsiifti?</u>**

- **Akka nami Waaqaa waan gati guddo qabu, oddun tunin maan nuti irra nuti himti?**
  - Yeson chubbaleyi akka Peterootifi jaalowan isaani waliin hojjachu fed'a ato worri worra ch'ubbuu kha gadi tahellee.
  - Inni worra gara keess yokhaan onne kees fayya hinqamne qorqorate- Worra lafti tuffate. Inni qommii fula tenna mid'aasan. Inni qoommi worra waliin fud'ate.
- **Akka ilmeen nama chubbittii, ta Waaqi wolaala iti muruu male, oduun tunini maanin garsiifti?**
  - Simoniini Yeso inshakke, ato ammalle marro lammeesso t'uruura darbu fed'eellee.
  - Simoniini chubbu isa himormanne, inni waan jed'e, "Anin ch'ubbicha, argamiisa kanke qulqullo kees jiraachu himmalle."
  - Yesoni worra ch'ubbaleyi kha qarqaarsi feesisuufi ch'ufa inowaateefi (kha akka Petero fa, guurtu gibiraatifi ch'ubaaleyi).
  - Onneen jara Farisayo jibbaafi qorsumaan guutamte.
- **Oduun tunini kara kamiini akka Waaqi ilme namaati feesisu ammalle akka ilmeen nama dandeete ufi himbaamne garsiifti?**
  - Peterooni fuula Yeso duraati qarqaarsa barbaade.
  - Guurtun gibira abdi tokolle inqabdu. Worra "turicha."
  - Akhimiini worra fayya hinqamnee male, worra akka qarqaarsi maleef himmormanne.
  - Yeson worra ch'ubbuun fayya d'abe kha ammo akka qarqaarsi feesisuufi didu tokolleti inowaanne.
  - Akka nama, Yeson Waaqati hirkate akka filanno inni jara isa filatu keesaleeti isa qajeelchu.

**<u>Waan daandi BAAFAMA irra maan baranna? (Nami akkamiin gara Waaqa d'ufa?).</u>**

- **Akka nami akka baafama argatu, daba irra deebie ammalle dhugeefachu male, oduun tunini maanin garsiisfti?**
    - Yesoni akka d'ugeefacha jara isa ijaaru yaadate. Inni akka worri ch'ubbu irra deebiu male kha abdi Waaqa irra keeyachuu male garsiise.
    - Worri d'ugeefate araara gale gara Yeso d'ufu, fud'atamiisa isa durati argatan, ammo worra Yesoti abdachu dide, ch'ubbu ufille argu didu, qorsuumaati bira jira.
    - Yesolleen kara kad'achaatin Abba isa kha gubba jiruuti hirkate, akka inni filano jara isa keesati isa qarqaaru. Inni wold'aqiisa suni fed'e.
    - Simoniifi, Yakoboofi, Yohanaafi, Lawilleen waan qaban ch'ufa lakkisani Yeso gula deemani! Lawin inninu daldaala guddo dansa lakkise! Dugeefachaan Yeson iti nu yaamuti jiru ta akkana tana.
    - Lawini jaalowan isaalle ind'iyeese akka worri Yeso beekhu! Kunini guma jireenna jijiirame!

<u>**Gaafi Ballinaani Huji irra Oolchuu malani**</u> **:**

- Yeson waan jed'e worra fayya hinqamne ch'allaati akhimi barbaada. Jari Farisayo akka "fayya hinqamne" yokhaan ch'ubaaleyii ufi hinseene. Nu kara kamiin waan ch'ubbufi laafinna hinqamne ufseena? Tunini kara kamiin akka nu Yesoti hinhirkanne nu tolchiti?
- Yesoni jara isaatin t'uruura keesan darba jed'e d'ugeefacha worra sochoose, ato worri halkaan guutu qurtumi qabu barbaade iti bahu dad'abeellee. Inni kara kamiini akka nu "t'uruura keenna darbannu" nu yaama?
- Yaamicha jara isa keesati, Yesoni kanisa isa ijaaru jalqabe. Waan ijaarro kanisa Isa nu oduu tan keessa maan baranna?

<u>**Gaafi huji irra oolchuu malan (akka nam tokooti yokhaan akka gurmuutti ):**</u>
(Gaafi tokko yokhaan lama filadhu akka dansa adda iti dhaabadhu.)

- Atin yo gari akka nama guddo ch'ubbicha yokhaan nama Waaqa duraati woma himbaane kha Waaqilen waan isa hiyaalle ufseeta?

  Maanif? Oduun tunini kara kamiin gara si jabeesiti? **Waaqi kara kamiini arra Waaqi** dandae siin hojjata?

- **Waaqi kara kamiini siyaamuti jira akka atin "t'uruura kanke laf keettu,"** afaan d'ibiini, akka buqifata hafuura duf'anne isaa tajaajillu. Atin akka Waaqi hujii fi yaada woiiti si yaamu jiru d'ageeta? Wonti sunin maani?
- Simoni Petero fi Lawini waan ch'ufa lakkisani Yeso guldeemani. Waaqi maani lakki jed'e si d'owwuuti jira, akka atini jireenna kankeetin haga qaralle Waaqati d'iaati?